WAAJJIRA AFYAA'IIFI CAFFEE OROMIYAATIIN KAN QOPHAA'E

Waggaa 14ffaa..... Lak. 10/1998
14ኛ ዓመት.....ቁጥር ፲/፲፱፻፺፰
14th year ..... Nº 10/2006

Finfinnee, Adoolessa 5 bara 1998
ፊንፊኔ፣ ሐምሌ ፭ ቀን ፲፱፻፺፰ ዓ.ም.
Finfinne, 12th day of July, 2006

MAGALATA OROMIYAA
መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ
MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokko .....
ያንዱ ዋጋ .....
Unit Price .....

To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe
በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ

Lak. S. Poostaa 21383-1000
የፖ.ሣ.ቁጥር .....
P.O.Box .....

QABIYYEE
Labsii Lak. 114 /1998
Labsii Sirna Dhiifamni Ittiin Raawwatamu ..... Fuula 1

ማውጫ
አዋጅ ቁጥር ፩፻፲፬/፲፱፻፺፰
የይቅርታን አፈፃፀም ሥነ-ሥርዓት ለመወሰን የወጣ አዋጅ ..... ገጽ ፩

CONTENT
Proclamation No. 114 of 2006
Proclamation to Provide for the Procedure of Granting Pardon ..... Page 1

Labsii Lak. 114 /1998
Labsii Sirna Dhiifamni Ittiin Raawwatamu Murteessuuf Bahe

Dhiifama ilaalchisee seera yakkaafi seerota biroo keessatti kan tumaman Heera Mootummaa Naannichaa waliin haala wal-qabatuun hojiirra oolchuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kan Fooyya'ee Bahe Lak. 46/1994 Keewwata 57(3)(i) irratti Pireezidaantiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa dhiifama gochuuf aangoon kan kenname waan ta'eef;

Akkaataa Heera Fooyya'aa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 46/1994 Keewwata 49(3) (a) tiin kan kanatti aanu labsamee jira.

Kutaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun " Labsii Sirna Dhiifamni Ittiin Raawwatamu Murteessuuf Bahe Lak. 114/1998" jedhamee waamamuu ni danda'a.

አዋጅ ቁጥር ፩፻፲፬/፲፱፻፺፰
የይቅርታን አፈፃፀም ሥነ-ሥርዓት ለመወሰን የወጣ አዋጅ

ይቅርታን በተመለከተ በወንጀል ሕግና በሌሎች ሕጐች የተደነገጉትን ከክልሉ ሕገ መንግስት ጋር በማጣጣም ሥራ ላይ ማዋል አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

ተሻሽሎ በወጣው የክልሉ ሕገ መንግስት ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፬ አንቀፅ ፶፯(፫) (ቀ) ላይ ለክልሉ መስተዳድር መንግስት ኘሬዝዳንት ይቅርታ ለማድረግ ሥልጣን የተሰጠው በመሆኑ፣

ተሻሽሎ በወጣው በክልሉ ሕገ መንግስት ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፬ አንቀፅ ፵፱(፫) (ሀ) መሠረት የሚከተለው ታውጇል::

ክፍል አንድ
ጠቅላላ ድንጋጌዎች

፩. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ "ይቅርታ የሚፈጸምበትን ሥነ-ሥርዓት ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር ፩፻፲፬/፲፱፻፺፰" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል::

Proclamation No. 114 of 2006
Proclamation to Provide for the Procedure of Granting Pardon

WHEREAS, it has become necessary to prescribe by Law the procedure of granting pardon by making compatible the provisions of Criminal Law and other Laws with regard to pardon with the Regional State Constitution;

WHEREAS, It has been provided for under Article 57(3) (i) of the Revised Regional Constitution No. 46/2001 that the power to grant pardon is given to the President of the Regional Government;

NOW, THREFORE, in accordance with Article 49(3) (a) of the Oromia Regional State Constitution No. 46/2001, it is herby proclaimed as follows:

PART ONE
GENERAL PROVISIONS

1. Short Title

This proclamation may be cited as, "Proclamation to provide for the Procedure of Granting Pardon No. 114 of 2006."

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee Labsii kana keessatti:

1) "Caffee" jechuun Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
2) "Murtii" jechuun dhimma yakkaatiin adabbii dhumaa, adabbii dabalataa ykn murtii akeekkachiisaa Mana Murtiitiin murtaa'eedha.
3) "Gaaffii dhiifamaa" jechuun murteen tokko guutummaan guutuutti ykn gartokkeen hafaa akka ta'u ykn raawwannaafi gosti adabbii haala salphaan akka raawwatamu gaaffii dhiyaatuudha.
4) "Mana Murtii" jechuun seeraan kan dhaabbate Mana Murtii idilee Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
5) "Pireezidaantii" jechuun Pireezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
6) "Dhiifama gaafataa" jechuun nama dhuunfaa ykn garee gaaffii dhiifamaa dhiyeesse jechuudha.

3. Daangaa Raawwatiinsaa

Labsiin kun Mana Murtiitin namoota Murtiin du'aa itti murtaa'een ala, namoota murtiin adabbii xumurarratti kennamerratti raawwatamaa ta'a.

4. Kaayyoo Dhiifamaa

Kaayyoon dhiifamaa nageenyaafi faayidaa uummataa kabachiisuudhaaf.

KUTAA LAMA

Waa'ee Qaamota Dhiifama Raawwachiisan

5. Hundeeffama Boordii

1) Dhimmoota dhiifamaa qoratee Pireezidaantif yaada murtii kan dhiyeessu Boordiin Dhiifamaa kana booda "Boordii" jedhamee kan waamamu hundaa'ee jira.
2) Itti waamamni Boordii Pireezidaantif ta'a.

6. Aangoofi Hojii Boordii

Boordiin aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata.

1) Akkaataa seeraatiin gaaffiileen dhiifamaa yoo dhiyaataniif qorachuudhaan:
   (a) Adabbiin haal-duree wajjin ykn haal-duree tokko malee guutummaan guutuutti ykn gartokkeen akka hafuu ykn raawwiin adabbiifi gosti adabbii haala salphaa ta'een akka raawwatamu yaada murtii Pireezidaantif ni dhiyeessa.

፪. ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

፩) "ጨፌ" ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ጨፌ ማለት ነው።

፪) "ፍርድ" ማለት በወንጀል ጉዳይ በፍርድ ቤት የመጨረሻ ውሣኔ የተወሰነ ዋና ቅጣት፣ ተጨማሪ ቅጣት ወይም የጥንቃቄ ውሣኔ ነው።

፫) "የይቅርታ ጥያቄ" ማለት አንድ ፍርድ በሙሉ ወይም በከፊል ቀሪ እንዲሆን ወይም የቅጣቱ አፈፃፀምና ዓይነት በቀላል ሁኔታ እንዲፈፀም የሚቀርብ ጥያቄ ነው።

፬) "ፍርድ ቤት" ማለት በሕግ የቋቋመ የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት መደበኛ ፍርድ ቤት ነው።

፭) "ፕሬዝዳንት" ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት መስተዳድር ፕሬዝዳንት ነው።

፮) "ይቅርታ ጠያቂ" ማለት ይቅርታ የጠየቀ ግለሰብ ወይም ቡድን ማለት ነው።

፫. የተፈፃሚነት ወሰን

ይህ አዋጅ የሞት ፍርድ በፍርድ ቤት ከተወሰነባቸው ሰዎች በስተቀር የመጨረሻ ፍርድ በተወሰነባቸው ሰዎች ላይ ተፈፃሚነት ይኖረዋል።

፬. የይቅርታ ዓላማ

የይቅርታ ዓላማ የሕዝብን ደህንነትና ጥቅም ማስከበር ነው።

ክፍል ሁለት

ስለይቅርታ አስፈፃሚ አካላት

፭. የቦርድ መቋቋም

፩) የይቅርታ ጉዳዮችን መርምሮ ለፕሬዝዳንቱ የውሣኔ ሀሳብ የሚያቀርብ የይቅርታ ቦርድ ከዚህ በኋላ "ቦርድ" ተብሎ የሚጠራ ተቋቁሟል።

፪) የቦርዱ ተጠሪነት ለፕሬዝዳንቱ ይሆናል።

፮. የቦርዱ ሥልጣንና ተግባር

ቦርዱ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል።

፩) በሕግ አግባብ የሚቀረቡለትን የይቅርታ ጥያቄዎች በመመርመር፣

ሀ) ቅጣቱ በቅድመ ሁኔታ ወይም ያለቅድመ ሁኔታ በሙሉ ወይም በከፊል ቀሪ እንዲሆን ወይም የቅጣቱ አፈፃፀምና ዓይነት በቀላል ሁኔታ እንዲፈፀም የውሣኔ ሀሳብ ለፕሬዝዳንቱ ያቀርባል።

2. Definition

Unless otherwise the context requires, in this proclamation:

1) "Caffee" means 'Caffee' of Oromia Regional State.
2) "Judgment" means a final court decision of principal penalty, secondary penalty, or a decision of preventive measures passed on a criminal case.
3) "Petition for Pardon" means an application submitted that a sentence be remitted in whole or in part, or the execution of penalty reduced to a lesser nature gravity.
4) "Court" means regular court of Oromia National Regional Government established by Law.
5) "President" means the president of the Oromia Regional Government.
6) "Petitioner" means individual person or group who petition for pardon.

3. Scope of Application

This proclamation shall be applicable on persons who were given a final decision of penalty except a person imposed death penalty.

4. Objective of Pardon

The objective of granting pardon is to ensure peace and interest of the public.

PART TWO

Pardon Executing Organs

5. Establishment of Board

1) There is hereby established a Board of Pardon, herein after referred to as, "the Board" that shall examine cases of pardon and submit recommendations thereon to the President.
2) The Board shall be accountable to the President.

6. Powers and Duties of the Board

The Board shall have the following powers and duties.

1) After examining applications for pardon made pursuant to relevant Law:
   (a) Submit to the president recommendations that the penalty be remitted conditionally or unconditionally, in whole or in part, or that the penalty be of a lesser nature or gravity.

(b) Dhiifama kan hin kennisiifne ta'ee yoo arge immoo adabbiin akka ragga'u yaada murtee Pireezidaantidhaaf dhiyeessa.

2) Akka barbaachisummaa isaatti Boordichi dhimmicha yoo qoratu Abbaan Alangaa ykn Mana Murtii ykn namni dhuunfaa yaada isaa barreeffamaan akka dhiyeessu taasisuu ni danda'a.

3) Namoonni haal-duree irratti hundaa'uudhaan dhiifamni Pireezidaantidhaan kennameef, yoo haal-dureewwan kaawwaman dabranii ykn osoo hin kabajin hafan akkasumas dogongorsuudhaan dhiifama argatan jedhamee himanni yoo isaan irratti dhiyaate dhimmicha qoratee yaada murtii Pireezidaantidhaaf ni dhiyeessa.

4) Gaaffileen dhiifamaa haala saffisaa ta'een karaa deebii ittiin argachuu danda'aniifi ulaagaawwan barbachisaa ta'an qu'achiisuudhaan hojiirra oolcha.

5) Hojiiwwan biroo Pireezidaantidhaan kennamaniif ni raawwata.

7. Miseensota Boordichaa

Boordichi miseensota armaan gadii ni qabaata.

1) Biiroo Haqaa Oromiyaa ..... Walitti qabaa;

2) Biiroo Bulchiinsaafi Nageenyaa Oromiyaa ..... Miseensa,

3) Komishinii Poolisii Oromiyaa ... Miseensa,

4) Komishinii Manneen Sirreessaa Oromiyaa.....Miseensa,

5) Pireezidaantidhaan kan bakka bu'uu nama sadii..... Miseensa;

8. Aangoofi Hojii Walitti qabaa Boordichaa

Walitti qabaan Boordichaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata.

1) Walga'ii Boordichaa ni geggeessa.

2) Namoota dhiifamni godhameef ykn dhoorkaman ilaalchisee murtii Pireezidaantichaa qaamota ilaallatuuf akka darbu ni taasisa.

3) Waa'ee raawwannaa hojii Boordichaa Pireezidaantif gabaasa ni dhiyeessa.

4) Yeroo walga'iin barbaachisu ni waama.

5) Hojiiwwan Pireezidaantidhaan kennamaniif ni raawwata.

ለ) ይቅርታ የማያሰጥ ሆኖ ያገኘው እንደሆነ ቅጣቱ እንዲፀና ለኘሬዝዳንቱ የውሣኔ ሀሣብ ያቀርባል::

፪) እንደአስፈላጊነቱ ቦርዱ ጉዳዩን ሲመረምር ዐቃቤ ሕግ ወይም ፍርድ ቤት ወይም ግለሰብ ሀሳቡን በፅሁፍ እንዲያቀርብ ለማድረግ ይችላል::

፫) በኘሬዝዳንቱ በቅድመ ሁኔታ የተመሠረተ ይቅርታ የተሰጣቸው ሰዎች ቅድመ ሁኔታውን ተላልፈዋል ወይም ሳያከብሩ ቀርተዋል እንዲሁም በማጭበርበር ይቅርታ አግኝተዋል በማለት ክስ ከቀረበባቸው ጉዳዩን መርምሮ ለኘሬዝዳንቱ የውሳኔ ሀሳብ ያቀርባል::

፬) የይቅርታ ጥያቄዎች አፋጣኝ መልስ የሚያገኙበትን መንገድ እና አስፈላጊ የሆኑ መስፈርቶች በማስጠናት ተግባራዊ ያደርጋል::

፭) ሌሎች በኘሬዝዳንቱ የሚሰጡትን ሥራዎችን ያከናውናል::

፯. የቦርዱ አባላት

ቦርዱ የሚከተሉት አባላት ይኖሩታል::

፩) ኦሮሚያ ፍትሕ ቢሮ ----------ሰብሳቢ፣

፪) ኦሮሚያ አስተዳደርና ፀጥታ ቢሮ ----------አባል፣

፫) ኦሮሚያ ፖሊስ ኮሚሽን ---------- አባል፣

፬) ኦሮሚያ ማረሚያ ቤቶች ኮሚሽን ---------- አባል፣

፭) በኘሬዝዳንቱ የሚወከሉ ሶስት ሰዎች ---------- አባል::

፰. የቦርዱ ሰብሳቢ ሥልጣንና ተግባር

፩) የቦርዱን ስብሰባ ይመራል::

፪) ይቅርታ የተደረገላቸው ወይም የተከለከሉ ሰዎችን በተመለከተ የኘሬዝዳንቱን ውሣኔ ለሚመለከታቸው አካላት እንዲተላለፍ ያደርጋል::

፫) ስለቦርዱ የሥራ አካሄድ ለኘሬዝዳንቱ ሪፖርት ያደርጋል::

፬) በሚያስፈልግበት ጊዜ ስብሰባ ይጠራል::

፭) በኘሬዝዳንቱ የሚሰጡትን ሥራዎችን ያከናውናል::

(b) The penalty be confirmed when it is found unpardonable.

2) The Board may order public prosecutor or court or an individual person present their opinions in written.

3) To examine cases and submit recommendations of revocation to the president when persons granted conditional pardon have violated such condition or have failed to respect such condition, or have granted pardon on the bases of false evidence.

4) Cause the study and implement the ways of giving quick responses to the petitions of pardon.

5) To discharge /perform/ other duties given by the president.

7. Members of The Board

The Board shall have the following members:

1) Oromia Justice Bureau .... Chair person;

2) Oromia Administration & Security Bureau ..... Member,

3) Oromia Police Commission ..... Member,

4) Oromia Prison Commission ..... Member;

5) Three person's assigned by the president ..... Member.

8. Powers and Duties of the Chairperson of the Board

The chairperson of the Board shall have the following powers and duties:

1) Preside over the meetings of the board.

2) Forward to concerned bodies the decisions of the president in respect of persons granted or denied pardon.

3) Submit report to the president concerning the performance of the Board.

4) Call for meeting where necessary.

5) Discharge other duties entrusted to him by the President.

9. Sirna Walga'ii Boordichaa

1) Miseensota Boordii keessaa harka sadii keessaa lama yoo argaman walga'ichi guutuu ta'a.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa tokkorratti kan tumame yoo jiraateyyuu dhimmi dhiifamni itti gaafatame ariifachiisaa ta'ee yoo argame miseensota keessaa walakkaa ol yoo argaman walga'ichi adeemsifamuu ni danda'a.
3) Boordichi sagalee caalmaatiin yaada murtii isaa ni dabarsa.
4) Sagaleen yeroo walqixxee ta'e yaanni walitti qabaan Boordichaa deeggare yaada murtii Boordichaa ta'a; yaanni addaas gabaasaan ni dhiyaata.
5) Boordichi qajeelfama adeemsa walga'ii mataasaa ni qabaata.

10. Waajjira Boordichaa

1) Qaama Biiroo Haqaa Oromiyaa kan ta'e Waajjirri Boordii Dhiifamaa kana booda " Waajjira" jedhamee kan waamamu ni jiraata.
2) Waajjirichi hojiifi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:
   (a) Iyyannoowwan dhiifamaa ni fuudha; galmeewwaniifi ragaalee barbaachisaa ta'an walitti ni qaba.
   (b) Galmeewwan, qaboo yaa'iifi ragaalee Boordichaa sirriitti ni qaba; ni eega.
   (c) Yaada murtii Boordiichaan kennamaniifi yaada murtii Pireezidentidhaan ragga'an ykn kan hin raggaane sirritti ni qaba; ni eega; istaatsitiksii ni qopheessa.
   (d) Moodeela waraqaa ragaa dhiifamaa qopheessee akka mirkanaa'u Boordiif ni dhiyeessa; namoota dhiifamni taasifameef waraqaa ragaa dhiifamaa mirkanaa'e irratti ragaa barbaachisaa ta'e guutuudhaan walitti qaba Boordichaatiif ni dhiyeessa.
   (e) Murtii dhiifamni itti kenname ykn dhoorkame galmee irratti ni galmeessa; galmichas ni eega; akkaataa qajeelfama Bordichaatiin galmicha uummataaf banaa taasisa.
   (f) Hojiiwwan biroo dhimmoota dhiifamaa wajjin walqabatan ni raawwata.

፱. የቦርዱ የስብሰባ ሥነ ሥርዓት

፩) ከቦርዱ አባላት መካከል ሁለት ሶስተኛ ከተገኙ ምልዐተ ጉባዔው የተሟላ ይሆናል።

፪) የዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ (፩) ቢኖርም የይቅርታ ጥያቄ የቀረበበት ጉዳይ አስቸኳይ ሆኖ የተገኘ እንደሆነ ከአባላቱ ከግማሽ በላይ ከተገኙ ስብሰባው ሊካሄድ ይችላል።

፫) ቦርዱ ውሣኔውን በአብላጫ ድምፅ ያሳልፋል።

፬) ድምፅ እኩል በሆነ ጊዜ የቦርዱ ሰብሳቢ የደገፈው ሀሳብ የቦርዱ ውሣኔ ይሆናል፤ የተለየ ሀሣብ በሪፖርት ይቀርባል።

፭) ቦርዱ የራሱ የስብሰባ ሥነ ሥርዓት መመሪያ ይኖረዋል።

፲. የቦርዱ ፅሕፈት ቤት

፩) የኦሮሚያ ፍትሕ ቢሮ አካል የሆነ የይቅርታ ቦርድ ጽህፈት ቤት ከዚህ በኋላ "ፅሕፈት ቤት" ተብሎ የሚጠራ ይኖራል።

፪) ፅሕፈት ቤቱ የሚከተሉት ተግባርና ሀላፊነት ይኖሩታል።

(ሀ) የይቅርታ ማመልከቻዎችን ይቀበላል፤ አስፈላጊ የሆኑ መዛግብቶችንና ሰነዶችን ይሰበስባል።

(ለ) የቦርዱ መዛግብት፣ ቃለ ጉባኤና ሠነዶች በአግባቡ ይይዛል፤ ይጠብቃል።

(ሐ) በቦርዱ የውሣኔ ሀሳብ የተሰጠላቸውና በፕሬዝዳንቱ የፀደቁትን ወይም ሳይፀድቁ የቀሩትን የውሣኔ ሀሳቦች በአግባቡ ይይዛል፤ ይጠብቃል፤ ስታስቲክስ ያዘጋጃል።

(መ) ሞዴል የይቅርታ የምስክር ወረቀት አዘጋጅቶ እንዲፀድቅ ለቦርዱ ያቀርባል፤ ይቅርታ ለተደረገላቸው ሰዎች በፀደቀው የይቅርታ ሠርተፊኬት አስፈላጊውን መረጃ እየሞላ ለቦርዱ ሰብሳቢ ያቀርባል።

(ሠ) ይቅርታ የተሰጠበትን ወይም የተከለከለበትን ውሣኔ በመዝገብ ላይ ያሰፍራል፤ መዝገቡንም ይጠብቃል፤ ቦርዱ በሚሰጠው መመሪያ መሠረት መዝገቡን ለሕዝብ ክፍት ያደርጋል።

(ረ) ሌሎች ከይቅርታ ጉዳዮች ጋር ተዛማጅነት ያላቸው ሥራዎች ያከናውናል።

9. Meeting procedure of the Board.

1) There shall be a quorum when two thirds of the board members are present.
2) Not withstanding the provision of sub-Article (1) of this Article, where matter of urgent petition of pardon exist, the meeting of the Board may convene at presence of more than half of the members.
3) The Board shall pass its decision by a majority vote.
4) In case of a tie, the chairperson shall have a casting vote. Dissenting opinion shall be included in the report.
5) The Board shall have its own meeting procedure.

10. Office of the Board

1) An Office of the Board of Pardon, hereinafter referred to as, "the Office" is hereby established under the Oromia Justice Bureau.
2) The Office shall have the following duties and responsibilities:

(a) Receive petitions for pardon and collect the necessary records and documents.

(b) Keep the records, minutes and documents of the Board proper.

(c) Manage, keep properly the recommendations of the Board and Decisions approved or rejected by the president, and prepare statistics thereof.

(d) Prepare and present a model certificate of pardon to the Board For approval; fill in the certificate the necessary information pertaining to persons granted pardon and submit them to the chairperson.

(e) To record the decisions of granting or denial of pardons in the register; keep the register properly, and open them to the public in accordance with directives of the Board.

(f) Carry out other activities related to matters of pardon.

11. Dirqama Hojii Itti gaafatamaa Waajjirichaa

Itti gaafatamaan Waajjira Boordichaa dirqama hojii armaan gadii ni qabaata.

1) Waajjiricha ni geggeessa; ni to'ata.
2) Miseensota Boordichaatiif waamicha walga'ii ni dabarsa; ragooleen walga'ii Boordichaatiif barbaachisaa ta'an miseensotaaf gahuusaanii ni mirkaneessa.
3) Murtii kenname bu'uureeffatee qaama ilaallatuuf ajajni akka darbu qopheessee walitti qabaa Boordichaatiif ni dhiyeessa.
4) Barreessaa Boordichaa ta'ee ni hojjeta.
5) Hojiiwwan biroo walitti qabaa Boordichaatiin kennamaniif ni raawwata.

12. Aangoofi Hojii Pireezidaantii

Pireezidaantichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata.

1) Bu'uura yaada murtii Boordichaatiin ykn ofumasaatin dhiifama taasiisuu ykn dhoorkuu ni danda'a.
2) Namoota dhiifamni haal-dureetin taasifameef haal-dureewwan taa'aan kan hin guunne ykn kan cabsan ilaalchisee yaada murtii Boordiirraa dhiyaatuuf bu'uureeffatee dhiifamicha haquu ykn murtii raggaasisuu ni danda'a.
3) Barbachisaa ta'ee yoo arge, murtii dhumaatin dura qaama kamiyyuu irraa yaada fudhachuu ni danda'a.

KUTAA SADII

Waa'ee Gaaffii Dhiifama Haquufi Mirkaneessuu

Kutaa Xiqqaa Tokko

Gaaffii Dhiifamaa

13. Waa'ee Iyyata Dhiifamaa

1) Dhimma yakkaatiin mana murtiitti himatamee murtiin dhumaa kan irratti kenname namni kammiyyuu murtiin murtaa'e seeraan dhiifama kan dhoorkisiisu yoo ta'e malee gaaffii dhiifamaa ofuma isaatin ykn abbaa warraa /haadha warraatin ykn fira dhiyootin ykn bakka bu'aa isaatiin ykn Abukaatoo isaatin dhiyeeffachuu ni danda'a.

፲፩. የፅሕፈት ቤቱ ሀላፊ የሥራ ግዴታ

የቦርዱ ፅሕፈት ቤት ሀላፊ የሚከተለው የሥራ ግዴታ ይኖሩታል፡፡

ሀ) ፅሕፈት ቤቱን ይመራል፤ ይቆጣጠራል፡፡

ለ) ለቦርዱ አባላት የስብሰባ ጥሪ ያስተላልፋል፤ ለቦርዱ ስብሰባ አስፈላጊ የሆኑ ሰነዶች ለአባላቱ መድረሳቸውን ያረጋግጣል፡፡

ሐ) የተሰጠውን ውሣኔ መሠረት በማድረግ ለሚመለከተው አካል ትዕዛዝ እንዲተላለፍ አዘጋጅቶ ለቦርዱ ሰብሳቢ ያቀርባል፡፡

መ) የቦርዱ ፀሐፊ ሆኖ ይሠራል፡፡

ሠ) በቦርዱ ሰብሳቢ የሚሰጡትን ሌሎች ሥራዎችን ያከናውናል፡፡

፲፪. የኘሬዝዳንቱ ሥልጣንና ተግባር

ኘሬዝዳንቱ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል፡፡

ሀ) በቦርዱ የውሣኔ ሀሳብ መሠረት ወይም በራሱ ይቅርታ ለመስጠት ወይም ለመከልከል ይችላል፡፡

ለ) በቅድመ ሁኔታ ይቅርታ ተደርጉላቸው ቅድመ ሁኔታውን ያላሟሉትን ወይም የጣሱትን በተመለከተ ከቦርድ የሚቀርብለትን የውሣኔ ሀሳብ መሠረት በማድረግ ይቅርታውን ለመሠረዝ ወይም ለማፅደቅ ይችላል፡፡

ሐ) አስፈላጊ ሆኖ ካገኘው ከመጨረሻ ውሣኔ በፊት ከማንኛውም አካል ላይ ሀሳብ መውሰድ ይችላል፡፡

ክፍል ሶስት

የይቅርታ ጥያቄን ስለመሰረዝና ማስረዳት

ንዑስ ክፍል አንድ

የይቅርታ ጥያቄ

፲፫. ስለይቅርታ ማመልከቻ

ሀ) በወንጀል ጉዳይ በፍርድ ቤት ተከሶ የመጨረሻ ፍርድ የተፈረደበት ማንኛውም ሰው የተወሰነው ፍርድ በሕግ ይቅርታ የሚያስከለክል ካልሆነ በቀር የይቅርታ ጥያቄውን ራሱ ወይም በባለቤቱ ወይም በቅርብ ዘመዶቹ ወይም በወኪሉ ወይም በጠበቃው አማካይነት ማቅረብ ይችላል፡፡

11. Duties of the Head of the Office of the Board

The head of the Office of the Board shall have the following duties:

1) Direct and supervise the office.
2) Pass to the Board members calls for meetings; ensure that the necessary documents for the meeting are delivered to the members.
3) Prepare order to be transferred to the concerned body based on the decision rendered, present it to the chairperson of the Board.
4) Serve as secretary of the Board's.
5) Carry out other duties assigned to him by the chairperson of the Board.

12. Powers and Duties of the President

The President Shall Have the Following Powers and Duties.

1) Grant or deny pardons based on the recommendations of the Board or on his initiative.
2) Revoke or approve pardons based on Board recommendations regarding persons who failed to meet or violated conditions of pardons.
3) If necessary take recommendations from any body before giving final decision.

PART THREE

Revocation and Proof of Pardon

Sub-part One

Petition for Pardon

13. Application for pardon

1) Any person who is convicted and sentenced by a court may, unless the granting of pardon is prohibited by Law, apply for pardon in person or through his spouse or close relatives or representative or Lawyer.

2) Kan armaan olitti tumame akkuma eegameetti ta'ee, Biiroon Haqaa Oromiyaa namoota dhiifamni taasifamuufii qaban filuudhaan gama isaatin gaaffii dhiifamaa dhiyeessuu ni danda'a. Biirichi gaaffii dhiifamaa dhiyeessuuf kan murteesse yoo ta'e garagalchaan xalayaa gaaffii dhiifamaa nama dhiifamni gaafatameef akka isa qaqqabu taasisuu qaba.

3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2n haala tumameen namni dhiifamni akka taasifamuuf gaafatameef dhiifamicha kan hin fudhanne yoo ta'e garagalchaan xalayaa gaaffii dhiifamaa isa ga'ee guyyoota hojii 15 walitti aanan keessatti barreeffamaan Boordicha beeksisuu qaba.

4) Sababa humnaa olitin yoo tahee malee yeroo Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3n kaa'ame keessatti gaaffii dhiifamaa dhiyaateef kan hin fudhanne ta'uu isaa kan hin beeksisne yoo ta'e dhiifamicha akka fudhatetti lakkaa'ama.

5) Namni sababa humnaa ol ta'een beeksisuudhaaf kan hin dandeenye yoo ta'e yeroo rakkoon sun dhaabbate irraa kaasee guyyoota hojii 15 walitti aanan keessatti beeksisuu qaba.

6) Murtiin dhiifamni irratti gaafatame seeraan dhiifama kan hin kennisisne yoo ta'e, dhiifama gaafataan kanuma akka beeku ni taasifama.

14. Qabiyyee Iyyata Dhiifamaa

Iyyanni dhiifamaa ragaalee armaan gadii qabaachuu qaba.

1) Maqaa guutuu hanga akaakayyuutti, umurii, maqaa guutuu haadhaafi teessoo,

2) Hojjetaa Mootummaa kan ture yoo ta'e, sadarkaa itti gaafatamummaasaa,

3) Yakkicha raawwachuun dura waggoota shaniif bakka jiraataa ture teessoo guutuu wajjiin,

4) Gocha yakkaan itti himatame, murtii balleessuummaafi adabbii itti murtaa'e, Mana Murtii murticha murteesse, sadarkaa raawwannaa murtichaafi lakkoofsa galmee himatichaa,

፪) ከዚህ በላይ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ የኦሮሚያ ፍትሕ ቢሮ ይቅርታ ሊደረግላቸው የሚገባቸውን ሰዎች በመምረጥ፣ በበኩሉ የይቅርታ ጥያቄ ማቅረብ ይችላል። ቢሮው የይቅርታ ጥያቄ ለማቅረብ የወሰነ እንደሆነ የይቅርታ መጠየቂያው ደብዳቤ ግልባጭ ይቅርታ ለተጠየቀለት ሰው እንዲደረሰው ማድረግ ይኖርበታል።

፫) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፪ በተደነገገው መሠረት ይቅርታ እንዲደረግለት የተጠየቀለት ሰው ይቅርታውን ለመቀበል የማይፈልግ የሆነ እንደሆነ የይቅርታ መጠየቂያው ደብዳቤ ግልባጭ በደረሰው በአሥራ አምስት ተከታታይ የሥራ ቀናት ውስጥ በፅሁፍ ለቦርዱ ማሳወቅ አለበት።

፬) ከአቅም በላይ በሆነ ምክንያት ካልሆነ በቀር ፣ከላይ በንዑስ አንቀፅ 3 በተደነገገው የጊዜ ገደብ ውስጥ ይቅርታ እንዲደረግለት የቀረበለትን ጥያቄ አለመቀበሉን ካላስታወቀ ይቅርታውን እንደተቀበለ ይቆጠራል።

፭) ከአቅም በላይ የሆነ ምክንያት አጋጥሞት ለማስታወቅ ያልቻለ ሰው ችግሩ ከተወገደበት ዕለት አንስቶ ባሉት አሥራ አምስት ተከታታይ የሥራ ቀናት ውስጥ ማስታወቅ አለበት።

፮) ይቅርታ የተጠየቀበት ፍርድ በሕግ ይቅርታ የማያሰጥ የሆነ እንደሆነ፣ ይቅርታ ጠያቂው ይህንኑ እንዲያውቀው ያደርጋል።

፲፬. <u>የይቅርታ ጥያቄ ማመልከቻ ይዘት</u>

የይቅርታ ጥያቄ ማመልከቻ የሚከተሉትን መረጃዎች መያዝ ይኖርበታል።

፩) ሙሉ ስም አስከነአያት፣ ዕድሜ፣ የእናት ሙሉ ስምና አድራሻ፣

፪) የመንግስት ሠራተኛ ከሆነ የሀላፊነቱን ደረጃ፣

፫) ወንጀሉን ከመፈፀሙ በፊት ለአምስት አመታት ይኖርበት የነበረው ቦታ ሙሉ አድራሻ፣

፬) የተከሰሰበት የወንጀል ድርጊት፣ ተጠያቂ የሆነበት ወንጀልና የተፈረደበት ፍርድ፣ የፈረደውን ፍርድ ቤት፣ የፍርዱ አፈፃፀም ደረጃ እና የክሱ መዝገብ ቁጥር፣

2) Without prejudice to the provision herein above, the Oromia Justice Bureau may apply for pardon for persons entitled to it. Where the Bureau decides to apply for pardon, it shall deliver a copy of the application letter to the person in whose favor it is to be made.

3) Where a person in whose favor a petition for pardon has been submitted pursuant to sub-Article 2 of this Article declines it, he shall notify the same to the Board in writing within fifteen consecutive working days from the date of receipt of the copy of the petition.

4) Except in cases of force major, the acceptance of the pardon shall be presumed where the convict fails to notify about his rejection within the time specified in Sub-Article 3 of this Article.

5) The person, who has failed to notify such rejection due to force majeure, shall notify within fifteen consecutive working days from the date of disappearance of the problem by also stating the force majeure that he has encountered.

6) Where the sentence of which an application for pardon is made is unpardonable by Law, the petitioner shall be notified of such legal impediment.

14. Particulars of pardon Application

An application for pardon shall contain the following information:

1) Full name including grand father's name, age as well as mother's full name, and address.

2) Position of responsibility, if he was a government employee.

3) Residential address of the petitioner in the five years immediately preceding the date of commission of the crime.

4) The act with which he is convicted, the law with which is held responsible and the penalty imposed upon him, the execution of the sentence and number of case file.

5) Badiiwwan salphaa akka dambii darbuutti ilaalaman osoo hin dabalatin kanaan dura himatamee gocha yakkaatin kan ittiin itti murtaa'e yoo jiraate gosa yakkichaa, adabbii murtaa'eefi raawwannaa murtichaa,

6) Mana sirreessaatti kan argamu yoo ta'e iddoo itti argamu,

7) Sababa dhiifamni taasifamuuf barbaachise,

8) Gaaffii dhiifamichaa kan deeggaran ragaaleen walqabatan yoo jiraatan tarreeffama isaanii,

9) Iyyata gaaffii dhiifamichaa waliin ragaaleen hin qabsifamne yoo jiraatan iddoo ragaaleen itti argaman ibsuudhaan,

10) Maqaa guutuufi teessoo namoota sadii gaaffii dhiifamaa deeggaran kan firooma dhiigaa ykn fuudhaafi heerumaa hin qabne ykn dhaabbileefi waldaalee sababa dhiifamichaa deeggaran waliin.

11) Idaa Mootummaa kan qabu ykn kan hin qabne ta'uu isaa.

12) Kanaan dura dhiifamni kan taasifameef yoo ta'e ykn gaaffiin dhiifamaa dhiyaatee kan fudhatama dhabe yoo ta'e guyyaa murtichi itti kennameefi haala isaa,

13) Gaafataan dhiifamichaa nama biraatiif kan iyyatu yoo ta'e sababa kana raawwachuuf isa dandeessise ibsamuu qaba.

15. Yeroo Gaaffiin Dhiifamaa Itti Dhiyaatu

Labsii kana Keewwata 13n namni gaaffii dhiifamaa dhiyeessu gaaffiin dhiifamichaa:

1) Murtiin erga kenname booda yeroo kamiyyuu,

2) Gaaffii dhiifamaa dhiyeessee kufaa erga ta'e ji'a jahaa booda,

3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (2)n kan tumame akkuma egameetti ta'ee, gaaffiin dhiifamichaa atattamaan ilaalamee deebii argachuu kan qabu yoo ta'eefi miseensota Booridichaa harka afur keessaa harka sadiin yoo deeggarame ji'a jahaa osoo hin eegne ilaalamuuf ni danda'a.

፭) የደንብ መተላለፍን ሳይጨምር ቀድሞ ተከሶ የተፈረደበት የወንጀል ድርጊት ካለ የወንጀሉን ዓይነት፣ የተወሰነውን ቅጣትና የፍርዱን አፈፃፀም፣

፮) በማረሚያ ቤት የሚገኝ ከሆነ የሚገኝበት ቦታ፣

፯) ይቅርታ ሊደረግለት የተፈለገበትን ምክንያት፣

፰) የይቅርታ ጥያቄውን የሚገደግፉ በአባሪነት የተያያዙ መረጃዎች ካሉ ዝርዝራቸውን፣

፱) የይቅርታ ጥያቄው ከማመልከቻ ጋር ያልተያያዙ መረጃዎች ካሉ መረጃዎቹ የሚገኙበትን ሥፍራ፣

፲) የይቅርታ ጥያቄውን የሚደግፉ በሥጋ ወይም በጋብቻ ከጠያቂው ጋር ዝምድና የሌላቸው ሶስት ሰዎች ወይም ድርጅቶችና ማህበራት ሙሉ ስም አድራሻ እና ይቅርታውን የሚደፉበትን ምክንያት፣

፲፩) የመንግስት ዕዳ ያለበት ወይም የሌለበት መሆኑን፣

፲፪) ቀደም ሲል ይቅርታ ተደርጐ እንደሆነ ወይም የይቅርታ ጥያቄ ቀርቦ ውድቅ ሆኖ እንደሆነ ውሣኔው የተሰጠበትን ቀንና ሁኔታ፣ ይቅርታ ጠያቂው በሌላ ሰው ስም የሚያመለክት ከሆነ ይህንኑ ለመፈፀም የሚያስችለው ምክንያት መግለፅ አለበት።

፲፭. የይቅርታ ጥያቄ የማቅረቢያ ጊዜ

በዚህ አዋጅ አንቀፅ ፲፫ መሠረት የይቅርታ ጥያቄ የሚያቀርብ ሰው የይቅርታ ጥያቄውን፦

፩) ፍርዱ ከተሰጠ በማንኛውም ጊዜ፣

፪) የይቅርታ ጥያቄ አቅርቦ ጥያቄውን ውድቅ ከተደረገ ከስድስት ወር በኋላ፣

፫) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፪ የተደነገገው ቢኖርም፣ በአፋጣኝ ታይቶ ምላሽ ማግኘት ያለበት የይቅርታ ጥያቄ ከሆነና ከቦርዱ አባላት በሶስት አራተኛ ድምፅ ከተደገፈ ስድስት ወር ሳይጠብቅ በማናቸውም ጊዜ ማቅረብ ይችላል።

5) Except petty offences, all previous convictions, the penalty imposed and the sentence served, if any.

6) The name of the prison, in which petitioner serves his sentence.

7) The reasons for his being eligible for pardon.

8) The list of supporting documents if any, attached to the application for pardon.

9) The place where supporting documents, if any not attached to the application for pardon is found.

10) The full names and addresses of three persons who are not related to the petitioner by consanguinity or affinity, or organizations and associations with the reasons for their support of the pardon.

11) Whether or not he is in debt to the government.

12) The date and condition or previous granting or denial of pardon, if any.

13) If the applicant is applying in another's favor, the ground for lodging such application shall be explained.

15. Time for petition

Any person who wishes to apply for pardon pursuant to Article 13 of this proclamation may do so:

1) After the sentence at any time;

2) Six months from the date of rejection of his previous application for pardon;

3) Not withstanding sub-Article 2 of this Article, if the question is urgent and supported by three-fourths of the members of the Board, it may be considered at any time prior to the expiry of the six months.

16. Iyyata Dhiifamaa Qorachuu

Boordichi yeroo gaaffiin dhiifamaa dhiyaatuuf galmee Abbaa Alangaa ykn galmee Mana Murtii dabalatee, Labsii kana Keewwata 14 jalatti ragaalee barbaachisan ykn nama kamiyyuu, akkasumas ofuma isaatin kan argatu ragaalee gaaffii dhiifamichaa deeggaran ykn kan faalleessan kamiyyuu qorachuu ni danda'a.

Kutaa Xiqqaa Lama

Dhiifama Haquufi Mirkaneessuu

17. Dhiifama Haquu

1) Murtiin dhiifamaa otoo dhiifamaa gaafataaf hin gayiin dura ykn murtichi gama dhiifamaa gaafataatin fudhatama hin argatin dura dhimmoonni dhiifamicha haqsiisuu danda'an yoo argaman murtiin dhiifamichaa haqamuu ni danda'a.

2) Murtiin dhiifamaa nama dhiifamni taasifameef erga dhaqqabeefi fudhatama argate booda murtiin dhiifamichaa dogoggorsuudhaan ykn gowwoomsuudhaan kan argame ta'uun isaa yoo mirkanaa'e murtichi haqamuu ni danda'a.

3) Dhiifamni haal-duree irratti hundaa'ee taasifame, haal-durichi cabuun isaa yoo mirkanaa'e murtiin dhiifamichaa ni haqama.

4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (2) fi (3)n murtiin dhiifamichaa yoo haqame, namichi dhiifamni taasiifameef dhiifamichi taasifamuun dura iddoo tureetti akka deebi'u ni taasifama.

18. Yeroo Dhiifamni Haqamu Sirna Guutamuu Qabu

1) Sababni dhiifama haqsiisu yoo argame, sababichi haala ifaa ta'een qooqa namni dhiifamni godhameef beekuun barreeffamaan qophaa'ee akka isa gahu ni taasifama.

2) Namni dhiifamni taasifameef gaafa barreeffamichi isa qaqqabe irraa jalqabee guyyoota digdama keessatti deebii isaa dhiyeessuu qaba.

19. Dhiifama Mirkaneessuu

1) Namni dhiifamni taasifameef kamiyyuu dhiifamni taasifamuufii isaa kan mirkaneessu waraqaa ragaa dhiifamaa orjinaalaa dhiyeessuu-dhaan ta'a.

፲፮. የይቅርታ ጥያቄውን ማመልከቻ መመርመር

ቦርዱ የይቅርታ ጥያቄ ሲቀርብለት ከዐቃቤ ሕግ መዝገብ ወይም ከፍርድ ቤት መዝገብ በተጨማሪ በዚህ አዋጅ አንቀፅ ፲፬ የሚያስፈልጉትን መረጃዎች ወይም ከማናቸውም ሰው የሚቀርቡለትን መረጃዎችን እንዲሁም በራሱ የሚያገኛቸውን ማናቸውንም የይቅርታ ጥያቄውን የሚደግፉ ወይም የሚቃረኑ ማስረጃዎችን መመርመር ይችላል።

ንዑስ ክፍል ሁለት

ይቅርታን ስለመሰረዝና ስለማስረዳት

፲፯. ይቅርታን መሰረዝ

፩) የይቅርታ ውሣኔ ለይቅር ተባዩ ከመድረሱ በፊት ወይም ተቀባይነት ከማግኘቱ በፊት የይቅርታውን ውሳኔ ለማሰረዝ የሚያስችሉ ምክንያቶች ካሉ የይቅርታ ውሣኔ ሊሰረዝ ይችላል።

፪) የይቅርታ ውሣኔ ለይቅር ተባዩ ከደረሰና ተቀባይነት ካገኘ በኋላ የይቅርታ ውሣኔ በማጭበርበር ወይም በማታለል የተገኘ መሆኑ ከተረጋገጠ የይቅርታ ውሣኔው ሊሰረዝ ይችላል።

፫) በቅድመ ሁኔታ ላይ የተመሠረተ ይቅርታ ቅድመ ሁኔታው መጣሱ ከተረጋገጠ የይቅርታ ውሣኔው ይሰረዛል።

፬) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ /፪/ እና /፫/ መሠረት የይቅርታ ውሣኔው ከተሰረዘ ይቅር ተባዩ የይቅርታ ውሣኔ ከመስጠቱ በፊት ወደ ነበረበት ቦታ እንዲመለስ ይደረጋል።

፲፰. ይቅርታ ሲሰረዝ መሟላት ያለበት ሥነ ሥርዓት

፩) ይቅርታ ለማሰረዝ የሚያበቃ ምክንያት ከተገኘ፣ ምክንያቱ በግልፅ ተጠቅሶ ይቅርታ የተደረገለት ሰው በሚገባው ቋንቋ በፅሑፍ ተዘጋጅቶ ለይቅር ተባዩ እንዲደርሰው ይደረጋል።

፪) ይቅር ተባዩም ፅሑፉ በደረሰው በሃያ ቀናት ውስጥ መልሱን ማቅረብ አለበት።

፲፱. ይቅርታን ማስረዳት

፩) ማንኛውም ይቅር ተባይ ይቅርታ የተደረገለት መሆኑን የሚያረጋግጠው ዋናውን የይቅርታ ምስክር ወረቀት በማቅረብ ነው።

16. Examination of Application

The Board shall, upon the receipt of the application for pardon, examine information required under Article 14 of this proclamation in addition to the files of the prosecution and the court to the files as well as evidence and information furnished by any person, and any other evidence that it gets on its own for or against the application for pardon.

SUB-SECTION TWO

Revocation and Proof of Pardon

17. Revocation of pardon

1) A decision for pardon may be revoked for sufficient reason's before it is delivered or accepted by the grantee.

2) The decision of pardon delivered to and accepted by the grantee may be revoked on grounds of fraud or deceit.

3) The decision of pardon may be revoked if it is known that the precondition for its granting has not been met.

4) When the decision of pardon is revoked under sub-Article 2 and 3 of this Article, the grantee shall be returned to the place where he was before he obtained it.

18. Procedure Required for Revocation

1) When a cause for revocation of pardon exists, the grantee shall be finished with a written notice of such cause in a language he understands clearly.

2) The grantee shall, within twenty days from the date of receipt of such notice, submit his reply against it.

19. Proof of the pardon

1) A receipt of pardon shall be proved by producing the original certificate there of.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1)n kan tumame yoo jiraateyyuu, namni dhiifamni taasifameef sababa humnaa ol ta'een waraqaa ragaa orjinaala dhiyeeffachuu yoo dhadhabe xalayaa Biiroo Haqaa Oromiyaa irraa barreeffameen mirkaneesuu ni danda'a.

KUTAA AFUR

Tumaalee Adda Addaa

20. Seeroota Raawwatinsa Hinqabaanne

Seerri Labsii kanaan wal faalleessu kamiyyuu raawwatiinsa hin qabaatu.

21. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Qaamni ykn namni kamiyyuu Labsii kana raawwachiisuuf deeggarsa kennuu qaba.

22. Yeroo Labsichi Itti Ragga'u

Labsiin kun Adoolessa 5 bara 1998 irraa kaasee kan ragga'e ta'a.

Finfinnee, Adoolessa 5 bara 1998

Abbaaduulaa Gammadaa
Pireezidaantii
Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ /፩/ የተደነገገው ቢኖርም፣ ከአቅም በላይ በሆነ ምክንያት ዋናውን የይቅርታ ምስክር ወረቀት ማቅረብ ካልቻለ ከኦሮሚያ ፍትህ ቢሮ በሚፃፍ ደብዳቤ ማስረዳት ይችላል።

ክፍል አራት

ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

፳. ተፈፃሚነት የሌላቸው ሕጐች

ከዚህ አዋጅ ጋር የ·ጢቃረን ማናቸውም ሕጐች ተፈፃሚነት አይኖረውም።

፳፩. የመተባበር ግዴታ

ማንኛውም ሰው ወይም አ፡ላ ይህን አዋጅ ለማስፈፀም የመተባበር ግዴታ አለበት።

፳፪. አዋጁ የሚፀናበት ጊዜ

ይህ አዋጅ ከሐምሌ ፭ ቀን ፲፱፻፺፰ ዓ.ም. ጀምሮ የፀና ይሆናል።

ፊንፊኔ፣ ሐምሌ ፭ ቀን ፲፱፻፺፰ ዓ.ም.

አባዱላ ገመዳ
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ
መንግስት መስተዳድር
ፕሬዝዳንት

2) Notwithstanding Sub-Article 1 of this Article, if the grantee can not able to produce the Original certificate, he may proof his pardon with letter which is written by Oromia Justice Bureau.

PART FOUR

Miscellaneous Provisions

20. Inapplicable Law

Any law which is inconsistent with this proclamation shall not be applicable.

21. Duty to cooperate

Any person or organ is duty bound to co-operate for the implementation of this proclamation.

22. Effective Date

This proclamation shall come into force as of the 12th day of July 12, 2006.

Finfinne, July 12/2006

Abbadula Gemeda
President of Oromia National Regional Government